# Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa

# Teessoo


**+251-113-72-62-18/00-00**

**21383-1000**

**Website:www.scnrso.gov.et**

**Finfinnee**

## Mul'ata, Ergamaa, Duudhaalee, Aangoofi Gahee Hojii Caffee Mootumaa Oromiyaa

### Mul'ata

Bara 2012tti Oromiyaa Naannoo diimokiraasiifi bulchiinsi gaariin keessatti dagaage taasisuu.

### *Ergama*

Seerota imaammataafi tarsiimoo Mootummaa saffinaan hojiirra oolchuuf dandeessisan qorachuun uummata hirmaachisuun baasuu, karooraafi baajata qaamolee Mootummaa raggaasuun raawwiisaa hordofuufi to'achuu, akkasumas Manneen Maree Uummataa sadarkaa sadarkaan jiran dandeettii raawwachiisummaa isaanii cimsuun hojiilee bakka bu'ummaa isaanii ga'umsaan raawwachuu akka danda'aniif deeggarsa barbaachisaa kennuun, uummata Naannichaa gama hundaanuu fayyadamaa taasisuu.

### Duudhaalee Caffichaa

Ol'aantummaa seeraa

Hirmaachisummaa

Iftoomina

Ittigaafatamummaa

Aantummaa uummataa

Al-loogummaa

Aadaafi duudhaa uummataa Kabajuu

### Aangoofi Gahee Hojii Caffee Oromiyaa

Akkaatuma Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe keewwata 49 keewwata xiqqaa 1, 2 fi 3 a-qfi Seerota Akkaataa Gurmaawina, Hojimaata,

Naamusa Miseensotaafi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa murteessuuf Bahan irratti hundaa'uun aangoofi hojiileen muummeyyii Caffichaa:

- Caffeen Naannichaa qaama seera baastuu Naannichaati;
- Caffichi dhimmoota Naannichaarratti abbaa aangoo siyaasaa isa olaanaadha;
- Seerota adda addaa Heeraafi seerota Federaalaa hin faallessine ni tuma;
- karoorafi raawwii hojii Qaamolee Mootummaa Naannichaa ni hordofa; ni to'ata; hoggantoota gaaffiif ni waama; qajeelfama ni kenna; yommuu barbaarchisa ta'e argamu tarkaanfii barbsaachiisa akka fudhatamu ni taasisa.
- Akkaata Heera Mootummaa Naannicharratti tumameen hoggantoota qaamolee Mootummaa adda addaa ni moggaasa; ni muuda ykn muudamaa isaanii ni raggasa.
- Aangoofi hojiisaa haalaan raawwachuu kan isa dandeessisan koreewwan dhaabbiifi yeroo ni hundeessa; gabaasa isaaniis ni dhaggeeffata.
- Manneen Maree Aanaalee, Magaalotaafi Gandootatiif dandeettii raawwachiisummaa isaanii ni cimsa; deggarsaa barbaachisaa ta'e kennaa; raawwii hojii isaanii ni hordofa; haala aangoo isaaniitiin walitti hin buuneen bu'aa hordoffii irratti hundaa'un furmaata ni dhiyeessa.
- Akka waligalaatti fedhiifi faayidaa ummata bakka isa buufate kabachiisuuf dirqama isarraa eegamu ni baha.

**Seenaa Hundeeffamaa fi Raawwii Hojii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Naannolee sagalan keessaa tokko ta'ee Heeraa Mootummaa yeroo cehumsaatiin kan hundeeffame yoo ta'u, yeroon cehumsaa xumuramuun Heera Mootummaa Naannichaa Labsii Lak. 1/1987 Keewwata 46 (1)n dhaabbiidhaan hundeeffameera. Heerri Mootummaa Naanichaa bara 1987 bakka bu'oota ummataa filatamaniin ragga'e Keewwata 46(1) irratti "Qaamni Mootummaa Naannichaa inni seera baasu, qaamni taayitaa ol'aanaan Caffee Nannichaa" akka ta'e ni ibsa.

Haa ta'u malee, Heericha Keewwata 56 (2) irratti Pirezidaantichi Caffee Naannichaafi Koree Hojii Raawwachiiftuu bakka bu'a; dura taa'ummaanis ni gaggeessa waan jedhuuf, Pirezidaantiin Mootummaa Naannichaa qaama seera baaftuufi qaama raawwachiiftuu gaggeessaa tureera. Gama aangoo Mootummaatiin rakkoon walmakiinsa hoggansa qaamolee Mootummaa, keessattuu aangoofi hojiin qaama seera baastuufi qaama raawwachiiftuu jidduu jiraachuunsaa hojiirratti rakkoo waan uumeef isa kana sirreessuun barbaachisaa ta'eera.

Waan kana ta'eefis, rakkinoota walmakiinsa hoggansa Mootummaa hundeeffama Caffeerraa kaasee mudatan qorachuun, Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa Yaa'ii Ariifachiisaa bara 1994 gaggeesseen akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lak. 46/1994, Keewwata 46n aangoofi hojii qaamolee Mootummaa: kan qaama seera baaftuufi seera raawwachiiftuu ifatti adda baasuun irra deebiidhaan bifa haarawaan akka ijaaraman taasiseera.

Qaamni seera baaftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Caffeen hoggansa mataa isaa akka qabaatu Afyaa'iin filamee gurmaa'iina, waajjira, humna namaafi baajata qabaatee yeroo duraatiif of danda'ee socho'uu kan jalqabe Heeruma kanaani.

Heerota Naannichi baase isaan duraanii keessatti, maqaan Caffee jedhu Afaan Ingiliiziitiin *'council'* jedhamee kan kaa'ame Heera kana Keewwata 46 irratti Afaan Ingiliiziitiin '*Caffee'* jedhamee tumameera. Maqaan kunis, akkuma paarlaamoonni biyyoota tokko tokko maqaa ittiin waamaman qabaatan Caffeenis afaan kamiinuu yoo barreeffamu maqaa qaama seera baaftuu qofa ta'uusaa adda bahee kaa'ameera.

### a) *Yeroo Cehumsaa (1985-1987)*

Mootummaa Yeroo Cehumsaa Bakka Bu’oota Ummataa filannoo Caamsaa bara 1984 gaggeeffameen filatamaniin Fulbaana bara 1985 hundaa’e. Heerri Mootummaa Yeroo Cehumsaa Labsii Lak.2/1985, keewwata 45 irratti Caffeen Pirezidaantiidhaan kan hogganamu akka ta’e tumeera.

Yeroo turtiisaa bara 1985 - 1987tti, Seerota Mootummaa Bulchiinsa Yeroo Ce’umsaa, caasaalee mootummaa gurmeessuuf labsiiwwan 8 tumuuniifi caasaa isa hojjachiisu danda’u diriirsuun hojiisaa raawwachaa turee aangoosaa mootummaa dhaabbataa bara 1987 keessatti hundaa’eef dabarseera.

### *b) Caffee Bara Hojii Tokkoffaa (1987-1992)*



***Kab. Pir.BMNO Obbo Kumaa Dammaqsaa yaa’ii yeroo gaggeessan(1987-1992)***

*Filannoo Biyyoleessaafi Naannoolee Marsaa $1^{ffaa}$ bara 1987 naannoo filannoo akka naannootti jiru 177 irratti gaggeeffameen bakka bu’oonni ummataa filatamaniiru. Naannoo filannoo tokkoon tokkoon irraa bakka bu’oonni* lama lama akka filataman kan yaadame ta’us naannoo filannoo tokko irraa kaadhimamaan tokko qofti waan dhiyaateef teessumni Caffee 353 qabu Waxabajjii bara 1987 yaa’ii hundeeffamaa gaggeessuun hojiisaa jalqabeera.

Missensota Caffee 353 kana keessaa dhiirri 341 (%96.6), dubartoonni 12 (% 3.4), teessumni hundi immoo miseensota Dhaabbata Dimokraatawaa Ummata Oromootiin (Dh.D.U.O.) kan qabame ture.

Bara hojii Caffee kana keessatti Afyaa'iin waan hin turreef Caffeen, akkaataa Heerichaa Keewwata 56, keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen Pirezidaantichi qaamolee lamaan: Caffeefi qaama raawwachiiftuu- dura ta'ummaan gaggeessaa tureera.

Caffeen Bara Hojii tokkoffaa kunis, turtiisaa waggoota shan (1987-1992) keessatti Labsiiwwan 36 kan tume yoo ta'u, isaan kana keessaa 19 kan ta'an labsiiwwan gurmaa'na irratti xiyyeeffatan, isaan hafan immoo labsiiwwan hojimaata, baajataafi dhimmoota waliigalaa mootummaan raawwataman irratti kan xiyyeeffatan turan.

### c) Caffee Bara Hojii Lammaffaa (1993-1997)



***Kab.Pir.BMNO Obbo Kumaa Dammaqsaa Yaa'ii Gamaaggaman(1993-1994)***

Filannoo marsaa 2[ffaa] bara 1992 adeemsifameen buufata filannoo 179 irraa miseensota sadi sadii Caffee Naannichaaf filatamanii teessumni Caffichaa gara 537tti ol guddatee jira. Caffee bara kana keessatti dhaabbilee siyaasaa shan (5) dorgoman keessaa Dh.D.U.O. teessoo 535 (99.6%) fi Mallaawu Amaaraa Hizibi Dirijit qofti teessoo 2 (%0.4) kan qabatan yeroo ta'u, walumatti dhiira 467 (86.9%)fi dubartii 70 (13.1.%)n hundaa'ee hojiisaa eegalee jira.

Akkuma armaan olitti ibsame, Caffeen Walgahii Ariifachiisaa Onkoloolessa 1994 gaggeesseen Heera Naannichaa amma hojiirra jiru fooyyeessee baasuun Caffeen Oromiyaas qaama seera baaftuu Mootummaa Naannichaa hoggansa ofiisaa qabu ta'ee Heera kanaan hundaayee jira.



Afyaa'ii Caffee Oromiyaa Kab.Addee Asteer Maammoo Walgahii Caffee yeroo gaggeessan(1994-1997)

Bu'uuruma kanaan, qajeeltoo qoodinsaa aangoo qaamolee Mootummaa giddu galeessa godhachuun qaamolee lamaan walmakanii jiran addaan baasuun qaamni seera baastuu Naannichaa Afyaa'ii fi I/A/Afyaa'ii qabaatee of danda'ee akka hoogganamuu fi Waajjirri Afyaa'iifi Caffee oromiyaas Labsii Lak. 47/1994n gurmaa'ee hojiisaa raawwachaa ture.

Haaluma kanaan, Caffichi Afyaa'ii, I/A/Afyaa'ii, Koree Qindeessituu, Koreewwan dhaabbataa, Koree Yeroo, Ogeeyyotaa fi Hojjattoota mataasaa akka qabaatu Labsii Lak. 55/1995 Keew.4n murtaa'eera. Koreewwan Dhaabbataa sadii kan miseensota 42 qabu Walgahii Idilee 4$^{ffaa}$ Caffeen taa'e irratti murtaa'uun hojiisaa eegale. Walumaagalatti, Caffeen Bara Hojii 2$^{ffaa}$ kun erga hundaa'e irraa eegalee Walgahiiwwan 11 gaggeessuun hojii hordoffii fi to'annoo raawwachaa kan ture yoo ta'u, Labsiiwwan 68 fi Dambii 1 baasuun hojiisaa Qaammee 01/1997 xumuuree jira.

### d) Caffee Bara Hojii  Sadaffaa (1998-2002)



Afyaa'ii Caffee Oromiyaa Kab.Dr.Mahaammed Hassan Walgahii Caffee yeroo gaggeessan(1998-2002)

Bara hojii Caffee Sadaffaa kana keessatti Filannoon Biyyoleessaafi Naannoolee Marsaa 3ffaa Caamsaa bara 1997 fi filannoon itti guutiinsaa miseensota sababa adda addaatiin hir'atan 20 guutuuf - Ebla 2000 – gaggeeffameen teessuma Caffeen qabu 537f, dhaabbilee siyaasaa adda addaa 10 irraa kaadhimamtoonni 1009, dhuunfaadhaan immoo 5, walumaa galatti kaadhimamtoonni 1014 ta'an naannoo filannoo 179 irratti dorgomaniiriiru.

Dhaabbilee siyaasaa dorgoman 10 keessaa dhaabbileen siyaasaa shan(5) teessuma Cafficha keessa argachuu danda'aniiru. Akkaataa teessuma caalmaan argataniitiin walduraa duubaan yoo ilaalamu: *dh*aabbata Dimokraatawaa Uummata Oromoo (Dh.D.U.O.) Kongirasii Biyyoleessa Oromoo (KBO, miseensota maqaa dhaabbata 'Qinijjiti La'andinnat Innaa Ladimokiraasii'tin dorgomanii filataman, *'Idee'appaa Madihin',* Warraaqsa Federaalaa Dimokraasummaa  Oromoo (WFDO)fi Paartii Tarkaanfachiisaa Sirna Gadaati.

Barri  Hojii Caffee sadaffaa kun Walgahii Idilee 14fi Ariifachiisa tokko (1) gaggeessuun seerota tumuun, karooraafi gabaasa qaamolee Mootummaa dhaggeeffachuun irratti mari'achuun raggaasuu, murtiilee garaagara dabarsuufi muudama adda addaa mirkaneessuun, labsiiwwan 57, Dambiiwwan 2fi Qajeelfamoota 2 imaammattootaafi tarsiimoowwan mootummaa hojiirra oolchuu dandeessisan raggaassuun bara hojiisaa xumureera.

### *e) Caffee Bara Hojii Arfaffaa(2003-2007)*




Afyaa'ii Caffee Oromiyaa Kab.Addee Dammituu Hambisaa Walgahii Caffee yeroo gaggeessan(2003-2005)

Caffeen Bara Hojii Arfaffaa kun Walgahii Hundeeffamaa Hagayyaa 13-/2002 gaggeesseen hojiisaa jalqabe. Bara kana keessatti, teessuma Caffeen qabu 537f, naannoo filannoo 179 irratti kaadhimamtoonni paartiilee adda addaa kan miseensota isaanii dorgomsiisan yoo ta'u, kanneen dorgoman kana keessaa teessoon Cafficha hundinuu miseensota DhDUO dorgomanii moo'ataniin kan qabameedha. Missensota Caffee 537 kana keessaa dhiirri 382 (%71.1), dubartoonni 155 (% 28.9)dha. Miseensota Koree Dhaabbii 48 jiran keessaa dhiirri 35 (% 72.9) fi dubartiin immoo 13 (%27.1)dha.




Afyaa'ii Caffee Oromiyaa Kab.Lammaa Magarsaa Walgahii Caffee yeroo gaggeessan(2006-)

Caffeen Bara Hojii Arfaffaa kun, turtiisaa waggoota shanan (Hagayyaa 13/2002-2007) keessatti Walgahiwwan Idilee 13fi Ariifachiisa tokko(1) gaggeessuun Labsiiwwan 32fi Dambii tokko (1) kan tume yoo ta'u, seerota gurmaa'inaa fi hojimaata qaamolee mootummaa akkasumas manneen hojii addaa addaa aangessan, imaammattawwan, tarsiimoolee fi karoorawwan mootummaa galmaan gahuu dandeessisan tumuun, murtiiwwan adda addaa dabarsuufi muudama qaamolee Mootummaa adda addaa raggaassuun hojiisaa gahumsaan bahachaa turuun bara hojiisaa xumureera.

**Guddinaa fi Jijjiirama Gurmaa'inaa fi Hojimaata Caffichaa**

Akkaata Heeraa Mootummaa Naanichaa bara 1987 keewwata 56(2)tti Pirezidaantiin Caffee Naannichaatiifi Koree Raawwachiiftuu bakka bu'uufi dura taa'ummaanis gaggeessa waan waan tureef, Pirezidaantiin Mootummaa Naannichaa Caffee yeroo Ce'umsaa, Caffee Bara Hojii 1ffaa fi Caffee Bara Hojii 2ffaa hanga Caffeen qaama Seera raawwachiiftuurraa Onkoloolessa 1994 addaan bahutti qaama seera baaftuufi qaama seera raawwachiiftuu hogganaa tureera.

Caffeen Heeraan hoggansa mataa isaa akka qabaatu erga ta'e bara 1994 irraa eegalee, gurmaa'ina isaa yeroo lama jijjiiree jira. Jalqaba Labsii Lak. 55/1994 , Keewwata 4 irratti Afyaa'ii, I/A Afyaa'ii, Koree Qindeessituu, Koree Dhaabbataa, Koree Yeroofi Ogeeyyotaafi hojjattoota biroo akka qabaatu taasifamee gurmaa'ee ture.

Haa ta'u malee, gurmaa'ina haarawaa qaamolee mootummaa wajjin walsimate qabaachuun barbaachisaa ta'ee waan argameef, hojimaata Caffichaafi gurmaa'ina Koreewwaniis irra deebiidhaan fooyyessuun saffina raawwiitiif barbaachisaa ta'uun waan itti amanameef, mirgaafi dirqama miseensota Caffeefi gurmaa'ina bakka bu'oonni dhaabbilee siyaasaa teessoo Caffichа keessaa qaban, akkasumas gaheen qabaachuuf malan ifaan tumamuun waan barbaachiseef, adeemsa dimokraatawaa gabbisuufi iftoomina uumuuf jecha

Walgahii Hundeeffamaa Bara Hojii Caffee Sadaffaa irratti seerota gurmaa'inaafi hojimaata isaa fooyyessuun Caffichi gurmaa'ina waliigalaa *yaa'ii Caffee, Waajjira Caffee, Koree Qindeessituu, Koreewwan Dhaabbiifi bakka bu'oota paartiilee (party whips)* akka qabaatu ta'ee gurmaa'eera.

Akkasumas, Koreewwan Dhaabbii duraan sadii turan gara jahatti akka ol guddatan taasifameera. Koreewwan kun tokko tokkon isaanii miseensota 5-9n kan gurmaa'an turan.

Bara 2001 keessatti immoo seerota Gurmaawina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaafi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessu Fooyyessuun Caffichi gurmaa'ina *Yaa'ii Caffee, Waajjira Caffee, Koree Qindeessituu, Koreewwan Dhaabbiifi Bakka Bu'oota Paartii (Whips), Koree Mari'achiistuu Dhimmoota Caffee* (Advisory Committee)fi *Garee Caffee /Parliamentary Group/ akka qabaatu ta'ee caaseffameera.*

Haaluma kanaan, gurmaa'ina kana tokko tokkoon yeroo ilaallu:

**Yaa'ii Caffee** -miseensota Caffee hunda – 537 hammata; waggaatti yoo xiqqaate Walgahiiwwan Idilee sadii gadi hin taane ni gaggeessa. Gahee isaa seerota tumuu, karooraafi gabaasa raawwii qaamolee mootummaa irratti mari'achuu, murteewwan adda addaa dabarsuu, muudama hoggantoota qaamolee addaa raggaasuufi hojii bakka bu'iinsa ummataa kan raawwatuudha.

**Waajjirri Caffee** – Waajjirri kun Labsii Lak. 47/1994n kan hundeeffamee Caffeefi qaamolee Caffeetiif tajaajila kennaa ture yoo ta'u, Labsii Lak. 191/2007 Waajjiricha Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe irratti hundaa'ee qaamolee kanaaf tajaajila waliigalaafi deeggarsa ogummaa kennamuu qabu kennaa jira. Akka caasaa waajjirichaatti, humna namaa filatamtoota, muudamtoota, ogeessotaafi hojjettoota adda addaa qabachuun socho'aa jira.

**Koree Qindeessituu Caffee:** m*iseesummaan,* Afyaa'ii, Itti aanaa Afyaa'ii, Dura taa'ota Koreewwanii, Itti aantota dura taa'ota Koreewwanii, Itti Gaafatamaa

Waajjira Caffeefi Bakka Bu'aa Mootummaa Muummichaa ni qabata. *Koreen Qindeessitu kun Yaa'ii Caffeetii gaditti aangoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, aangoofi hojii* adeemsa waliigala Caffichaa qindominaafi fixa bahinsa akka qabaatuuf hojjechuu; karooraafi raawwii koreewwanii qindeessuufi gaggeessuu; rakkoolee gurguddoo uumamaniif furmaata barbaachuu; ciminoota jajjabaachuu qaban jajjabeessuufi kallattii hojii waliigalaa uumuun koree dhimmi ilaaluuf qajeelfama kennuu; dhimmoota Afyaa'iifi koreewwan dhaabbiitiin dhiyaataniif irratti mari'achuu; manneen hojii haaraa yeroo hundeeffamaan haala amala hojii isaatiin walsimateen koree dhaabbii hordofuufi to'atuuf ramaduu kkf ni qabaata.

***Koreewwan Dhaabbii Caffee*** *- koreewwan dhaabbii kun* itti waamamni isaanii Caffeedhaaf ta'ee, baay'inni Manneen Hojii Koreewwan hordofaniifi bal'inni hojichaa ilaalamee bara 1994 sadii qofa kan turan walduraa duubaan gara jahaafi saddeetiitti akka ol guddatan taasifameera. Baay'inni miseensota koreewwan Dhaabbii 42 irraa gara 48 tti akka ol guddatu ta'eera. Yeroo ammaa baay'inni miseensota koreewwanii 48tti kan guddate yoo ta'u, hirmaannaan dhiiraafi dubartootaas dabalaa dhufeera. Hirmaannaan paartiilee siyaasaa akkaataa teessoo Caffee keessaa argataniitiin miseensa 1 hanga miseensota 10 hirmaachaa turaniiru.

***Bakka Bu'oota Paartiilee (Whips):*** Bakka bu'oonni paartiilee akkaataa teessoo Caffee keessaa argataniitti: Paartii ykn paartiilee teessoo caalmaa Caffee keessaa argate ykn argatan; Paartii Mormaa Muummicha teessoo caalmaa ittaansee argateefi paartiilee Caffee keessaa teessoo qaban hunda kan hirmaachisuudha. Gaheen isaanis hojiilee dhaabaa/dhaabbilee isaanii kan qindeessan yoo ta'u; Caffee keessatti gurmaa'uun miseensota Caffee miseensota paartiilee isaanii ta'an kan qindeessaniifi gaggeessaniidha.

***Koree Mari'achiistuu Dhimmoota Caffee* (Advisory Committee)**

Aangoofi gaheen hojii koree kanaa  ajandaa Caffichi irratti mari’atu ni qopheessa, yeroo mariis ni ramada; Labsiifi Dambii gurmaa’inaafi hojimaata Caffee ilaalchisee yaada fooyya’iinsaa barbaachisaa ta’e Caffeef ni dhiyeessa; falmiin Labsiifi Dambii gurmaa’inaafi hojimaata Caffeerratti yoo ka’e ni hiika; dambicha hojiirra oolchuuf qajeelfama ykn maanuwaalii ni baasa; Caffichaaf gabaasa ni dhiyeessa; hojiilee biroo Caffeefi Afyaa’iidhaan kennamaniif ni raawwata.

***Garee Caffee /Parliamentary Group/***

Garee Caffee, jechuun paartiin tokko yookiin naannoo filannoo tokkotti walii isaaniitiin kan wal hin dorgomin sagantaa siyaasaa paartii tokko jalatti miseensota argaman kan of-keessatti qabate paartii ykn paartiileefi tuuta miseensota 10ni gadi hin taane Caffee keessaa teessoo kan qabu ykn kan qabaniidha.

**Asxaa**

Asxaa/Logo/n Caffee kun asxaa Mootummaa Naannichaa akka bu’uuraatti of-keessatti hammachuun Heeraa fi Bokkuu dabalatee barreeffama “Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa”, Amaariffaan “**በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ጨፌ ኦሮሚያ**” fi ingiliffaan “ ‘Caffee’ of Oromia National Regional State” geengoo keessatti barreeffameen kan qophaa’eedha.

Haaluma kanaan, hiikaan asxichaa akkaata Dambii Asxaa/Logo/ Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak. 5/2007ttin:-

- **Odaan** - qabbana, nagayaa fi dimokiraasii, seenaa, aadaa, seeraan buluu, tokkummaa, giddugaleessummaa, qabeenyaa fi magariisa;
- **Qamadiin moggaa lamaanii** - guddina dinagdee qonnaa;
- **Giiriin warshaa** - guddina industirii fi teekinooloojii;
- **Qamadii fi giiriin walqabate** - walqabatiinsa guddina qonnaa fi industirii;
- **Bu'uurri diimaan** - qabsoo gootummaa, wareegamaa fi injifannoo ummata oromoo kan agarsiisuu;
- ***Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa*:** Heerri bu'uura aangoo mootummaa ta'uu; Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Caffeen kan Heeraan hundaa'anii fi Heeraan bulan ta'uu; Caffeen kan ummata naannichaa bakka bu'u, qaama abbaa aangoo olaanaa Mootummaa Naannichaa fi akkaataa qoodiinsa aangoo mootummaatiin seerota naannichaa kan tumuu fi hordoffii fi to'annoo qaamolee mootummaa irratti qaama gaggeessu ta'uusaa kan mul'isuufi
- ***Bokkuu*:** Mallattoo olaantummaa seeraa fi Caffeen ittiin ijaarame; Hangafummaa fi olaantummaa Heeraa; Nageenyaa fi olaanatummaa seeraa fi rawwannaa heeraa fi seeraa kan tiksuudha jedhamuun hiikamaniiru.


WAAJJIRA CAFFEE MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA

